ISAAN JAALLACHUUKOO ITTI HIMAA

Mul'ata Jaalala Waaqayyo Siif Qabu Fudhachuu

JOYCE MEYER

#1 *NEW YORK TIMES* BESTSELLING AUTHOR

Unless otherwise indicated, all Scripture quotations are taken from
THE AMPLIFIED BIBLE: Old Testament.
Copyright © 1962, 1964 by Zondervan Publishing House
(used by permission); THE KING JAMES VERSION; and from
THE AMPLIFIED NEW TESTAMENT
Copyright © 1958 by the Lockman Foundation
(used by permission).

Copyright © 2014 by Joyce Meyer Ministries – South Africa

All rights reserved. No part of this publication may be reproduced, distributed, or transmitted in any form or by any means, or stored in a database or retrieval system, without the prior written permission of Joyce Meyer Ministries – South Africa.

Joyce Meyer Ministries – South Africa
PO Box 5, Cape Town, 8000

Phone: +27 (0) 21 701 1056
Website: www.joycemeyer.org

Go to tv.joycemeyer.org to watch Joyce's messages in a variety of languages

Tell Them I Love Them – Oromo

Not For Resale

BAAFATA

Seensa *4*

1. Waaqayyo si jaallata! 6

2. Ani Nama Gaarummaan Guutee Dhaa? 11

3. Jaalalli walitti dhufeenya 18

4. Jaalala, Amanachuu fi Amantii 23

5. Sodaa Irraa Bilisa Ba'uu 28

6. Jaalalli Isa Hinqabeef Ni Ga'a 32

7. Jaalalli Waaqayyoo Si Jijjiira 38

Kadhata Araraa 42

Waa'ee Barreessituu Kitaabichaa 43

SEENSA

Jaalalli Waaqayyoo yeroo namootatti dhuunfaan mul'atu inni hundumaa caala jedheen amana. Akka Kiristaanaatti jireenya mo'ichaa jiraachuuf hundeen isaa isa kana akka ta'e nan amana. Waa'ee jaalala Waaqayyoo beekuuf wanti baay'ee nu barbaachisu mul'ata malee beekumsa sammuu miti. Kunis Hafuura Qulqulluu qofaan kennama. Kan kennamus tokkoon tokkoon amanaa jaalala Waaqayyoo yeroo yaadu, jireenya isaa keessatti jaalala Waaqayyoo yeroo ilaaluu fi karaa sagalee Waaqayyoo fi kadhannaadhaan mul'ata kana yeroo barbaaduu dha.

Waaqayyo gutummaa biyya lafaa waan jaallateef cubbuu namoota hundaaf akka du'uuf Yesusiin gara biyya lafaatti erge, jedhanii dubbachuun salphaa dha. Haa ta'u malee biyya lafaa kana irra kan jiraatu si qofaa otuu ta'ee, Waaqayyo baay'ee waan si jaallatuuf Yesus si duwwaaf akka inni du'uf ergeera jedhanii fudhachuun ulfaataa ta'a.

Yeroo hedduuf Kiristaana jireenya sirrii hinqabne ta'ee utuun jiruu, goftaan jaalala isaa akkan hubadhu na godhe. Ayyaana isaa irraa kan ka'e Waaqayyo karaa Hafuura Qulqulluu jaalala anaaf qabu natti mul'ise. Mul'anni kun guutummaa jireenya koo fi deemsa koo jijjiire.

Waa'ee jaalala Waaqayyoo yeroo Macaafa kana keessatti dubbistu gara ilaalcha sirrii fi hubannaatti ni dhufta jedheen abdadha. Mul'ata kana jireenya kee keessatti akka itti

fayyadamtuuf dheebuu haaraa siif kenna jedheen amana. Macaafa kana qalbeeffattee akka dubbistu, caaffatoota qulqullaa'oo akka ittiin qorattuu fi fuulawwan kitaaba kanaa kan itti aanan irratti wantota argitu akka itti yaaddu sin gorsa.

Ani ofiikootii kitaaba kana yeroon dhiyeessu hubannaa fi mul'ata ayyaana gooftaa irraa ta'uu ibsaa, kitaabichas akka ati sirriitti dubbistuun si affeera.

1

WAAQAYYO SI JAALLATA!

"Waaqayyo, akkasitti tokkocha ilma isaa hamma kennuufitti biyya lafaa jaallate; kun immoo isatti kan amanu hundinuu jireenya bara baraa haa qabaatuuf malee, haa baduuf miti."

- YOHAANNIS 3:16

Waaqayyo maatii ni barbaada, kanaafuu ijoollee isaa akka taanu godhe. Waaqayyo akka mucoolitti akka deddeebinu hin barbaadu, garuu ijoollee isaa warra sirrii akka taanu barbaada. Isatti akka hirkannu, dhabbaata keenya isa godhannu, akka isa jaallannuu fi jaalala isaaf iddoo akka kenninu ni barbaada. Wanti nu barbaachisu yoo jiraate akka isa amanannuu fi gara isaa akka dhufnu ni barbaada. Inni nu wajjin firummaa uumuu barbaada.

Baay'een keenya Yohaannis 3:16 kan ilaallu hiika isaa bal'isneetu. "Dhugaa dha Yesus biyya lafaa kana guutummaaf akka inni du'e nan beeka" jenna. Yesus garuu kan du'e ummata hundaaf qofaa miti; inni tokkoo tokkoo keenyaaf du'eera; inni siif illee du'eera! Namni lafa kana irra jiraatu si qofaa otuu ta'ee, inni si qofaaf ni du'a ture. Gidiraa kana hunda si duwwaaf jedhee ni fudhata ture. Inni siif du'eera. Waaqayyo baay'ee si jaallata. (Macaafa Ermiyaas Raajichaa 31:3) ilaali. Inni jaalala isaa kan

bara baraan si jaallata.

Gaaf tokko konkolaataa koon otuun deemaa jiruu Waaqayyo akkas jedhee laphee kootti dubbate: “Jooyis ati agartuu ija kooti.” Yaadni kun Macaafa qulqulluu keessa akka jiru illee hin beekun ture. Daabiloos yeruma sana yaada adda ta’e tokko qabatee dhufe; “Amma kun of tuulummaa guddaa mitii? Ofii ati eenyuu?” naan jedhe. Isa booda gara ofii kootti deebi’een, “Akka kanatti yaaduun ana irra hin turre” jedhe. Mataa keenya namoota adda ta’an, dandeettii kan qabnuu fi adda akka taanetti yaaduun yaada foon keenyaa waliin wal faallessa. Tokkoon tokkoon keenya namoota isaan kaan irraa adda taanee abbaa keenya Waaqayyoon uumamneerra.

Dhimma kana gad fageessee yaadaa otuun jiruu Waaqayyo waa’ee dubartii galma gabaa keessaa burtukaana bittu tokkoo yaada koo keessatti akkan yaadu na taasise. Dubartittiin hundumaa erga ilaaltee booda burtukaana filatamaa kan hundaa caalu fudhatte. Egaa Waaqayyo kan natti dubbataa jiru isaaf burtukaana filatamaa sana ta’uu kooti. Ani isaaf nama addaati. Kun hima sirrii fakkaachuu dhiisuu ni danda’a; garuu Waaqayyo tokkoo tokkoo keenyatti kan dubbatu isa kana. Waaqayyo dubbachaa kan jiru ati filatamaa fi ajaa’ibsiisaa akka taatee fi namoonni isaan kaan garuu kan dhimma hin baafne ta’uu isaanii miti. Inni kan dubbachaa jirru kun hundi keenya namoota addaa akka taane dha. Kun dubbii isaa keessa jira, dubbiin isaa immoo hunda keenyaaf kennameera. Ati agartuu ija Waaqayyooti.

Waa’ee mataa kootii waan gaarii waanan yaade natti fakkaatee keessi koos waan na ceepha’eef wanta Waaqayyo anatti dubbate hin fudhanne. Guyyaa lama booda, Macaafa Qulqulluu koo yeroon banu iji koo Faarfannaa 17:8 irra na boqote; dubbichs na

ilaale; “Akka agartuu ija keetti na eegi, gaaddisa bobaa keetiinis na golboobi.” Akkanan jedhe, “Dubbii attam nama ajaa’ibuu dha! Kana kan dubbate Waaqayyodhaam, ani agartuu ijaa Waaqayyooti.” Yeroo dheeraaf hammuman kana yaadu nama addaa ta’uun koo anatti dhaga’ama ture.

Namoonni garaa isaanii keessatti hawwii jaallatamuu qabu. Waaqayyo kan nu uume akkana taasiseetu. Namoonni baay’een Waaqayyo biyya lafaa akkasumas Kiristoosiin akka jaallatu ni amanu; haa ta’u malee Waaqayyo dhuunfaatti akka isaan jaallatu amanuufni rakkatu. Dubbiin isaa Kan nubarsiisu garuu, Yesuusiin akka jaallate karaa isaa immo hunduma keenya jaallachuu isaa nutti hima. “Abbaan ilma in jaallata, ofii isaatii kan hojjetu hundumaa ilmatti in argisiisa; isin akka dinqifattaniif inni hojii kana irra caalu iyyuu isatti argisiisuuf jedha.” (Yohaannis 5:20)

Kutaa kana keessatti Waaqayyo akkas jedhee dubbata; “waantoota gurguddoo kanan rawwataa jiru, karaa Yesuus hundi keessan akka ajaa’ibsiifattaniif karaa isaa wanta kana irra caalu nan godha.” Waaqayyo yeroo baay’ee waan dinqiisiisaa kan inni godhuuf gammachuu keenyaa fi qannoo keenyaaf jedhee ti. Kutaawwan Macaafa Qulqulluu kanneen kana fakkaatan ni dubbifna; haa ta’u malee yeroo baay’ee wanta Waaqayyo nuuf gochuu barbaadu hin hubannu. Wantoota gurguddoo inni karaa Yesus hojjete ilaallee akka ajaa’ibsiifannuu fi yaa Waaqayyo wanti ati karaa Yesus hojjette ajaa’iba akka jennu barbaada. Isa booda gara Yohaannis 14:12 isa Yesus akkas jedhee dubbate akka dubbifnu barbaada; “Dhuguma, dhuguman isiniin jedha, namni anatti amanu waan ani hojjedhu hundumaas in hojjeta; ani gara abbaa waanan dhaquuf kana irra kan caalu iyyuu in hojjeta.”

Waaqayyo wanta kanaan wal fakkaatu si keessattis ni hojjeta;

akkasumas Yesus gara abbaa isaa waan deemeef kana irra iyyuu kan caalu si keessatti ni hojjeta. Kana ni amantaa? Waaqayyo akka si jaallatuu fi siin hojjechuu akka barbaadu dhuguma ni amantaa?

Gaaf tokko Macaafa Qulqulluu koo utuun qayyabadhuu Waaqayyo wanta akkas jedhu na barsiise; "Jooyis namoota waanan jaalladhuuf guyyaa guyyaatti namootaaf waan gaariin godhaaf; isaan garuu isa arguu hin dandeenye. Raawwataniis hubachuu hin dandeenye. Fakkeenya tokkon siif kenna. Guyyaa hundaa biiftuudhaan "ba'i" jedhee yeroon abboomu, kana kanan godhu Jooyisiif, Beetiif, Jeemiif, ...f (maqaa kee itti guuti) Jedhiin." naan jedhe.

Mee dhaabbadhuutii dubbicha itti yaadi. Biiftuun guyyaa hundaa samii irraa kan baatu siif. Eyyee biiftuun! Kun garuu hoomaa nutti hin fakkaatu. Biiftuun guyyaa hundaa akka baatu ni beekna; garuu kan isheen baatu siif. Bokkaan yeroo roobu kan roobu siif. Waaqayyo hamma kana si jaallata.

Seera Keessa Deebii 7:9 irraa akkana jedha, "Egaa Waaqayyo gooftaan kee Waaqayyoo dha, isa beeki! Inni Waaqayyo amanamaa dha; inni warra isa jaallatanii abboomii isaa eeganiif hamma dhaloota kumaatti kakuu isaa in eega, gaarummaa isaas isaan in argisiisa."

Waaqayyo akka si jaallatuuf dhaloota kumaan lakkaa'aman lakkaa'uu waan qabdu sitti fakkaataa? Argitee Waaqayyo Waaqa bara baraa waan ta'eef isa dadhabsiisuu (nuffisiisuu) hin dandeessu. Baay'een keenya kufaatii fi irra daddarbaa keenyaan Waaqayyoon waan nuffisiifne nutti fakkaata; garuu kana gochuu hin dandeenyu; jaalalli bin nuffu; Waaqayyo akka nu hin jaallanne gochuu hin dandeenyu. Jaalalli wanta Waaqayyo godhu miti. Inni ofuma isaa jaalala.

Biyya lafaa kana irra kan jiraatan baay'ee kan xuraa'an, kan ga'isanii fi cubbamoota fuula Yesusitti tufan, warra "Si wajjin waan tokko hin qabu, gara si'olitti gad bu'uu koofis gammachuu guddaatu natti dhaga'ama" jedhan illee Waaqayyo ni jaallata. Egaa warra fo'atee fi warra tajaajila isaaf addaan baase attam hin jaallatu ree?

"Yesusin fayyisaa lubbuu koo godhadhee fudhadheera; nan jaalladhas" jetta ta'a. Garuu akka Waaqayyo si jaallatu hammam beekta? jedhee si gaafachuun barbaada. Waaqayyo si jaallata kan jedhu ergaa baay'ee salphaa dha. Haa ta'u malee wantoota Waaqayyo keessa kee kaa'e hubachuuf baay'e gadi fagoo dha.

Hammam illee yoo barattee, sagalee Waaqayyoo yoo qorattee fi yoo barbaadde Waaqayyo akka si jaallatu hin amantu yoo ta'e eessa iyyuu ga'uu hin dandeessu. Jaalalli Waaqayyo siif qabu amantiin, cubbuu jalaa birmaduu akka baatuu fi sodaa malee warra kaan tajaajiluu akka dandeessuuf hundee dha. Jaalala inni siif qabu ni fudhattaa? (Gal 5:6, 1 Ergaa Yohannis 4:18) ilaali.

2

ANI NAMA GAARUMMAAN GUUTEE DHAA?

"Sababii Waaqayyo, jaalala isaa isa karaa Hafuura Qulqulluu nuuf kenname, garaa keenya keessatti dhangalaaseef, abdiin immoo nu hin yellaasisu. Nuyi amma illee of-dadhaboo taanee otuu jirruu yeroon yaadame yommuu ga'etti Kiristoos warra akkuma keenya Waaqayyo irraa fagaatan hundumaaf du'e.

Tarii namni, nama waan gaarii godhe tokkoof du'uuf fedha qaba ta'a malee, nama qajeelaadhaaf waan du'uuf hin fakkaatu. Waaqayyo garuu, otuma nuyi cubbamoota taanee jirruu, Kiristoos nuuf du'uu isaatiin hammam akka nu jaallate in argisiisa. Kanaafis amma nuyi dhiiga isaa isa dhangala'een qajeelota erga taanee, hammam caalaatti isumaan immoo dheekkamsa Waaqayyoo jalaa ooluuf jirra.

Nuyi amma illee diinota otuma jirruu, du'a ilma isaatiin Waaqayyotti erga araaramnee, amma immoo nuyi warri isatti araaramne jireenya isaatiin hammam caalaatti ooluuf jirraa?"

- ROOMAA 5:5-10

Baay'een keenya Waaqayyo kan nu jaallatu hamma nuti cubbuu

hin hojjennetti duwwaa dha jennee yaadna. Namoonni baay'een of simachuu dadhabu; kanaafuu Waaqayyo na hin jaallatu jechuun dubbatu. Macaafni Qulqulluun garuu akkana jedha, "Akka ati isa yaadattuuf namni maali?" (Faarfannaa 8:4). Nuti uumama Waaqayyooti, kanaafuu waan nu jaallatuuf inni nu jaallata. Sababni isaas innumti nu jaallachuu waan jaalla te qofaaf. Inni jaalala dha (1 Yohaannis 4:16).

Waaqayyo si jaallata, ati isaaf nama addaati. Ati ana ta'uu hin dandeessu, anis si ta'uu hin danda'u. Tokkoon takkoon keenya nama biraa ta'uuf yoo yaalle, namoota nama gaddisiisan taana. Kunis Daabiloos ati nama sirrii miti jedhee si doorsisuuf carraa argata. Dhugaan jiru garuu ati gaarummaan guutuu ta'uu hindandeessuu, Yesus ofii isaatii gaarummaan guutuu dha. Innis bakka kee bu'ee sababa cubbuu keetiif addabbii fudhateera.

Yesus kan inni siif du'e gaarummaa kee fi tola keef sitti fakkattaa moo yokiin waan si jaallatuuf? Macaafni Qulqulluun akkuma jedhu Gooftaan Yesus siif kan du'e waan si jaallatuuf yoo ta'e, dhiiga isaan erga qulqullooftee booda attam caalchisee si hin jaallaturee? (Roomaa 5:8-9). Jaalala isaa irraa kan ka'e inni cubbuu ati guyyaa guyyaatti hojjettu siif dhiisa. Inni yeroo kana humnaa fi mo'ichaan akka ati guddattuuf si gargaara.

Gaaf tokko Waaqayyo cubbuu fi dogoggora keenya attamitti akka ilaalu natti agarsiise. Mucaan waggaa sadii yokiin afur taatu tokko hojii harmeen ishee mana keessaa hojjechaa turte akka waan ilaalaa jirtuutti mee yaadi. Mucattiin harmee ishee baay'ee waan jaallattuuf qodaa bishaan qabuu fi wayyaa citaa fudhattee fuullee naannoo barandaa manichaatti argamu kan gara alaatti argisiisu dhiquuf kaate. Fuullee sana haala gaariin erga dhiqxee booda wayyichaan qulqulleessite.

Dhugumatti fuullichi saamunaa fi bishaaniin uwwifameera. Harmeen ishee wanta mucittiin goote yeroo argitu meeshaa ittiin fuullee dhiqan isa qulqulluu fayyadamteetti garuu saamunaan irraa hin baane; kanaan booda mucattiin gara hannee ishee dhuftee sagalee ishee bareedaa sanaan, "Harme! Harme! Fuulleen siif dhiqe. Sirriitti waanan qulqulle essef, harme sin jaalladha" jette.

Haati mucaa ishee jaallattu akkana jette, "Dhugumatti wanta gaarii gooteetta; waan na gargaarteef sin galateeffadha." Kana booda mucattiin taphachuuf erga deemtee booda, wanta bade sana erga qulqulleessitee booda gara fuula duraatti gaafachuudhaan dogoggoora ishee akka sirreeffattuuf jajjabeessite.

Jireenya keenya keessattis Waaqayyo kan inni godhu kan akkasii akka ta'e natti hime. Inni yeroo hundumaa xuraa'ummaa keenyattii nu qulqulleessa. Wanta gochuu dandeessu tokko garaa kee guutuu yoo raawwatte Waaqayyo wanti inni si irraa barbaadu isa kana. Inni wanta gochuu hin dandeenye akka gootuuf si irraa hin eegu. "Yaa. Waaqayyo! ati sirrii dha; ani garuu dogoggoreera; yaaleen ture, garuu jijjiiruu hin dandeenye" kan jettu yoo ta'e si jijjiiruu ni danda'a. Inni kana gochuu ni danda'a, sababni isaa gargaarsa isaan alatti of jijjiiruu akka ati hin dandeenye ni beeka.

"Inni Waaqayyo isa erge dubbiidhuma Waaqayyoo in dubbata, Waaqayyo hafuuricha safara malee in kenna'o. Abbaan ilma isaa in jaallata, waan hundumaas harka isaatti kenneera." - Yohaannis 3:34-35.

Gaaf tokko otuun Macaafa Qulqulluu koo qayyabadhuu Waaqayyo hafuura isaa safaree akka namaaf hin laanne yommuun hubadhu gammachuudhaan nan iyye. Inni xiqqoo xiqqoo ishee safaree hin kennu. Inni arjaadha, kan nut yaanneefi tilmaamne olitti fi gaafanne olitti nuu kennuu danda'a. (Gara warra Efesoon 3:20)

Ittumaa akkana nuun jedha; “kunoo wantan qabu hundumaa fudhadhaa.” Humnaa fi jaalala Waaqayyoo har’uma fudhachuu ni dandeessa. Inni wanta si barbaachisu hundumaa ni qaba, gara isaa dhuftee akka isa irraa fudhattu ni barbaada. Maaliif? Sababni isaa waan si jaallatuuf. Fudhachuudhaaf nama ga’aa taatee argamuun si hin barbaachisu, sababni isaa mataa kee nama ga’aa taasisuu raawwattee hin dandeessu. Itti dabalees haxxee fi nama tooftaa beeku ta’uun si hin barbaachisu. Waaqayyo waan si jaallatuuf siif kenna.

Macaafa Seera Keessa Deebii 7:6-7 irratti Waaqayyo akkas jedha, “Ati Waaqayyo gooftaa keetiif saba qulqulla’aa dha; Waaqayyo Gooftaan kee akka ati isaaf addaan baatee saba dhuunfaa isaa taatuufitti, saba biyya lafaa irra jiran hundumaa keessaa si fo’ateera. Waaqayyo sababii ati saba lafa irraa keessaa lakkoofsatti baay’attuuf si jaallate yookiis si fo’ate miti, ati saba lafa irraa keessaa lakkoofsatti muraasa.”

Israa’eloonni isaaf akka addaan ba’aniif Waaqayyo isaan fo’ate, nutis akka waldaatti Israa’eloota dhugaa dha. Kanaafuu sagaleen kun isaaniif akkuma kenname, siifis kennameera. Waaqayyo akkas isaaniin jedhe, “Kanan isin fo’adhe qomoo lafa irraa keessaa lakkoofsatti waan baay’attaniif miti.” Kana yeroo ofitti firoomsinu akkas jechuu dha; Kanan isin fo’adhe waan hundumaa sirriitti waan gootaniif yokiin namoota ajaa’ibsiisoo waan taataniif miti.

Isa booda saba warra kaan irra lakkoofsaan baay’ee xiqqoo akka ta’an dubbata. Dhugaa dubbachuuf yoo ta’e fayyuu keen dura, ani nama hundumaa caalaa baay’ee cubbamaa dha jettee hin yaadiin hin haftu. Haa ta’u malee lakkoofsa 8 irratti Waaqayyo akkas jedha; “Waaqayyo garuu waan si jaallateef kakuu abboota

keetiif kakate waan eeguu barbaadeef, irree jabaadhaan mana garbummaa keessaa, harka fara'oon mootii Gibxii jalaas si fure."

Kun ergaa guddaa dha! Waaqayyo Jaalala koo isinirran godhe, qulqulloota akka taatanis isinittan hime. Adda akka taatan isinittan hime. Kanan isin fo'adhe namoota gaarii fi ajaa'ibsiisoo waan taataniif otuu hin taane waanan isin jaalladhuuf jedhe. Waaqayyo har'a maal gochuu akka isin irraa barbaadu beektuu? Jaalala isaa akka fudhattan barbaada.

Baay'ee keenyaaf rakkinni inni guddaan of simachuu dadhabuu dha. Waaqayyo akka nu jaallatu hin amannu, yookiin immoo namni nu hin jaallatu jenna. Namoonni attamitti nu jaallachuu danda'uu? Ani nama homaa hin fayyadne dha jenna. Ani nama homaa dhimma hinbaafnee fi gatii hin qabnee dha jettee kan yaaddu yoo ta'e, kan jiraattu akka nama homaa gatii hin qabnee fi dhimma hin baafneetti. Ilaalcha waa'ee mataa keef qabdu keessaa ol jettee ba'uu hin dandeessu.

Rakkinni baay'ee keenyaa inni guddaan of fudachuu dadhabuu keenya. Nut jaalala waaqayyoo amanuu hin dandeenye. Innii garuu nu jaallata. Yeroo koo harka 75 ta'u kanan dabarsu of jijjiiruuf yaaliin godhuun. Baay'ee waanan dubbadheef amma callisuun qaban jedha. Booda garuu yoon callise gaddaanan guutama. Namoonni hundumtuu maaliif akkan callise beekuu barbaadu. Isa booda akkas jedheen deebisaaf, baay'ee akkan dubbadhe natti himte, amma na dhiisi, callisuuf yaalaan jira.

Haala akka kana keessa waggoota meeqa akkan dabarse sitti himuu hin danda'u. Ammas yoo ta'e rakkina dubbii nan qaba. Namoonni baay'ee dubbatan namoota callisan fuudhu yokiin itti heerumu. Kun immoo baay'ee dubbachuu keenya guddisaa deemuu isaa mul'isa. Daabiloosis yeroo hundumaa kana nu

yaadachiisee nu ceepha'uun nu hammeessa. Kuni immoo firdii dha.

Waaqayyo gidiraa irraa bilisa akka baanu barbaada. Haa ta'u malee bilisa ba'uudhaaf amantii fi ija jabina barbaachisa. Hammamuu miirri yakkamtummaa yoo sitti dhaga'ame illee kun waan tokko illee akka si hin gargaarre beektaa? Yakka tokko yeroo raawwattu Waaqayyo na jaallata jettee amanuun baay'ee sitti ulfaachuu ni danda'a.

Daabiloos hammam cubbamoota kan gatii bin qabnee fi homaa kan dhimma hin baafne akka taane ammaa ammaa nutti dubbachuu barbaada. "Ammas cubbuu hojjette" nuun jedha. "Ta'ullee ati eenyuu? Ati namni cubbamaan homaa dhimma hin baafne Waaqayyo yoo ta'e si hin eebbisu. Amma eenyuufuu dhugaa ba'uu hin dandeessu. Homaa gochuu hin dandeessu" nuun jedha. Waaqayyo sitti hin fayyadamu akkasumas kadhatakee hin deebisu jedha.

Amma egaa namummaa kee isa keessaan dhaabbattee ija jabinaan akkas jechuu kan dandeessu, "Yaa abbaa, si yakkeera, dhiiga Yesusiin dhiifama akka naaf gootu sin gaafadha. Kanas kanan si gaafadhu garaa koo irraati dhiifaman barbaada. Daabiloos yaadi kee galma hin ga'u. Yesus gatii cubbuu kootii baaseera, siin homaa si hin ilaallatu." Isa booda nagaadhaan deemuu fi gammaduu ni dandeessa. Ta'u illee, "Wanta hamaa kana daddabalee nan raawwadha" jettee yaadda ta'a. Anis dhimma kana irratti mataa koo ceepha'uu hamman dhaabutti akkanattan yaadan ture. Waan goote tokkoof of ceepha'uu yeroo dhaabdu, wanticha gochuu ni dhiifta.

Cubbuu fi gidiraa irraa bilisa akka ati hin taane, gara gadiitti si awwaala, gaddaan akka ati guutamtu si taasisa. Nama hin

hadheeffamne ta'uuf ija jabina gaafata. Nama ija jabeessa ta'uu qabda. Akkasumas amantiidhaan dhaabbachuu fi cubbuu kee of irraa fageessuu qabda. Daabiloos akkas siin jechuu danda'a, "Akkas yeroo jettu waan ta'etti homaa hin gaddu jechuu keetii? Yoo xiqqaate yeroo muraasaaf gadduun siif ta'a ture. Dhugumatti wanta hamaa gooteetta." Ati garuu akkas jedhii deebisiif, "Hin jiru homtuu natti hin dhaga'amu, waan ta'etti homaa hin gaddu." Jalqabatti akkas jedhanii dubbachuun ulfaataa dha, ta'u illee yeroo sadii fi afur deddeebitee yoo dubbatte attamitti deebii kennuun akka siif ta'u ni beekta.

Raajii Isaayaas boqonnaa 53 lakkoofsa 5-6 fi 11 irratti Macaafni Qulqulluun akkuma dubbatu Yesus cubbuu keenya yeroo baate, gidiraa keenyas baateera. Daabiloos gidiraa keenya irraa bilisa akka baanu hin barbaadu. Maaliif? Sababni isaa gidiraa jala yoo jiraatte, jaalala Waaqayyootti gammaduu hin dandeessu, gidiraan Waaqayyottii adda si baasa, siif isa gidduu akka keenyan sibiilaatti dhaabbata. Gidiraa jala yoo jiraatteWaaqa abbaa arguu hin dandeessu. Kan sitti argamu yakkaa fi cubbuu mataa keetii duwwaa dha.

Gidiraattii birrnaduu ba'uun deddeebi'i; Waaqayyo ayyaanni koo cubbuu kee siif dhoksuuf ga'aa dha yoo siin jedhe wanta inni sitti dubbate amani. Inni si jaallata; ayyaannii fi dhiifamni isaa kennaa tolaati. Har'uma fudhadhu!

3

JAALALLI WALITTI DHUFEENYA

"Nuyis jaalala Waaqayyo nuuf qabu hubanneerra, amanneerras. Waaqayyo jaalala; namni jaalalatti qabamee jiraatus Waaqayyo keessa in jiraata. Waaqayyos isa keessa in jiraata"

- 1 YOHAANNIS 4:16

Jaalala Waaqayyoo attamitti beekuu fi hubachuu dandeessaa? Waaqayyo hammam yoo si jaallate illee, jaalala isaa beekuu fi hubachuu yoo baatte homaa si hin fayyadu. Namni tokko akka si jaallatu yoo sitti hime hammam akka gammaddu ni beekta. Namni si jaallatu tokko akka jiru waan beektuuf baay'ee gammadda. Waaqayyo si jaallata; jaalala kanas sitti argisiisuu barbaada. Guyyaa hundumaa isa wajjin akka dabarsitu barbaada.

Waaqayyo wajjin hariiroo dhuunfaa fi dhugaa ta'e qabdaa? Kiristaana waan taate qofaaf Waaqayyo wajjin hariiroo dhuunfaa sigammachiisu qabda jechuun hin danda'amu. Ganama ganama yommuun ija koo banadhu jalqaba kanan yaadu waa'ee Waaqayyooti, galgalas rafuuf gara siree koo yeroon dhaqu waa'ee Waaqayyoon yaada. Akkasumas oolmaa koo keessatti kanan yaadu waa'ee Waaqayyooti. Addunyaa guddaa kana keessatti Waaqa koo tajaajiluuf isa gammachiisuu caalaa hawwii biraa hin

qabu. Kun wanta guddaa waan biraan bakka hin buufamnee dha. Kana argachuudhaafis waan biraa hunda dhiisuu gaafata.

Hunduma keenya keessa iddoo duwwaa Waaqayyo duwwaan guutuu danda'u kan Waaqaan uumametu jira. Hawwii nuti fiignuuf kam iyyuu isa guutuu hin danda'u. Haariroo waaqayyoo wajjiinii jabeessuuf hammam dhimmita? Waaqayyoof fedha isaaf iddoo jalqabaa ni lattaa? akka Phaawulos "Nuyi isaatti in jiraanna, in sochoona, in argamnas;... Nuyi immoo sanyii isaati." Jechuu ni dandeenyaa? (Hojii Ergamoota 17:20).

Waaqayyo si jaallata, atis isaaf adda dha. Waaqayyo kan nu uume isa waliin hariiroo akka qabaannuuf. Kun jireenya keef kaayyoo fi jaalala guutuu dha. Ganama hundumaa teessoo isaa irra taa'ee, "Attam bulte? sin jaalladha." siin jedha. Yoo kana hin dhageenyee ta'e, amantee dhaga'uu jalqabuuf qophofteettaa?

Hiriyyaan koo yeroo tokko Waaqayyo abbaan gara mana namoota Amerikaatti akka deema jirutti fakkeesse. Gara mana hunduma isaanii kan deeme isaan wajjin hariiroo uumuuf akkasumas isaan wajjin dudubbachuuf ture. Teessuma butatee taa'e. Namoonni sun teessuma isaanii irraa ka'an; ni dhufan; ni deeman. Waaqayyoonis, "Yaa Waaqayyo; booddee si wajjin haasofna; yeroo xiqqoof achuma turii nu eegi. Akkuman hojiikoo kana fixeen si haasofsiisa. Yaa Waaqayyo; booddee hariiroo goona. Booddee yaa Waaqayyo; booddee yaa Waaqayyo."

Guyyichi ni dhi'e, guyyaa sana isaa wajjin dudubbachuuf namni tokko illee hin yeroo waan hin kennineef waaqayyoo gaddee manichaa ba'e deeme. Hundumti isaamii Waaqayyoof yeroo hin qaban turan.

Hamma malee hojiitti qabamtee hin ooliin. Yeroo itti kadhattuu

fi Waaqayyo wajjin hariiroo itti gootu hin qabdu yoo ta'e hamma malee hojiitti hidhamteetta jechuu dha. Yeroo fudhadhuu Waaqayyoon akka jaallattu itti himi. Waan hundumtuu ni darba; kan hin dabarre Waaqayyo duwwaa dha. Egaa isa wajjin hariiroo hin qabdu yoo ta'e, isa wajjin hariiroo gochuuf xiqqoo yeroon si jalaa darbeera ta'a. Ammas yeroo keetti fayyadamuudhaan Yesusitti amantee mootummaa Waaqayyootti galuuf yeroo siif afte keessatti gammachuu jireenya mo'ichaa keessa jiru shaakaluu ni dandeessa.

Jaalala Waaqayyoo kan itti dhandhamattu guyyaa murta'aa tokko akka ati qabaattu sin gorsa. Fiigicha humna mataa keen jiraachuuf gootu dhiiftee humnaa fi amantiidhaan nama Waaqayyoo ta'i. Boqodhu akka mucaa isaatti deddebi'i. Harka Waaqayyoo irra boqodhu; akka inni si jaallatuufis isatti himi. Waaqayyo akka sijaallatu hamma isaaf heyyamtutti atis isa jaallachuu hin dandeessu.

1 Yohaannis 4:16 akkas jedha; "Nus jaalala Waaqayyo nuuf qabu hubanneerra, amanneerras..."

Ganama ganama kaatee Waaqayyo hammam akka si jaallatu yaaduuf isa wajjin yeroo ni fudhattaa? Ganama hirriba kee keessaa yeroo kaatu wanti gochuun siifta'u homtuu waan jiru sitti hin fakkaatu. Haa ta'u malee foon kee dammaqsuu fi namummaa hafuuraa kee qopheessitee wantota gochuun siif ta'u gochuudhaaf afaan keetti dhimma ba'uu qabda.

Kanaafuu ganama siree kee irraa yeroo kaatu akkas jechuun jalqabi; "Yaa abbaa; baay'ee waan na jaallattuuf sin galateeffadha. Yesus akka naaf du'uf waan ergiteef sin galateeffadha. Humni du'aa ka'uu na keessa waan jiraatuuf sin galateeffadha. Yaa

Gooftaa; har'a bakkan deemu hundumaatti eebbaaf waan na gootuuf sin galateeffadha. Yaa Waaqayyo; na jaallatta; na jaallatta; mana koo kana keessa akkuman jirutti na jaallatta. Ani mucaa kee isa addaati. Agartuu ijaa keeti. Ati na jaallatta!"

Mataa kee wajjin dudubbachuun jaalala Waaqayyoon akka marfamtee fi akka guutamte beekuu fi hubachuu qabda. Macaafni Qulqulluun akkuma jedhu Waaqayyo fakkii tokkoo tokkoo keenya barruu harka isaatti qiriixateera (Isaayaas 49:16). Waaqayyo maal akka nuun jedhu tilmaamuun na rakkisa. "Mee ishee ilaalaa. Bareedduu mitii? Baay'een ishee jaalladha. Mee ijoollee kco warra barruu harka koo irratti qiriixaman ilaalaa." Akka si jaallatuu fi yeroo hundumaa si wajjin hariiroo gochuu akka jaallatu akka sitti himuuf ati yeroo hundaa fuula isaa dura jirta.

Waaqayyoon galateeffachuu fi hariiroo isa wajjin qabdu cimsachuu akka qabdu gad fageessii yaadi. Yeroo hundumaa galateefannaan fuula isaatti kuftee waa'ee fayyisuu isaaf Waaqayyoon galateeffachuu qabda. Waaqayyoon gaddisiisuu irraa deebi'uu jaalladhu. l Yohaannis 4:16-17 irraa sagalee akkas jedhi dubbifadhu; "...Waaqayyo jaalala; namni jaalalatti qabamee jiraatu Waaqayyo keessa in jiraata; Waaqayyos isa keessa in jiraata. Guyyaa firdiitti ija jabina akka nuuf ta'uuf jaalalli kanaan nu keessatti fiixaan ba'eera."

Waaqayyo akka si jaallatu yeroo bartu isatti hirkachuu fi amanamummaa isaa amanachuu jalqabda. Eebbi hundumtuu kan dhufu Waaqayyo akka si jaallatu isaaf heyyamuudhaan. Innis jaalala guddaa, cubbuu irratti mo'icha gonfachuu, fayyina, badhaadhummaa fi gammachuu dha. Isaan kana hundumaa kan argannu akka inni nu jaallatuuf Waaqayyoof yeroo heyyamnuu dha. Yeroo hedduu dubbicha gala galchuudhaan "Waaqayyoon

jaallachuun qaba" jennee yaadna. Ani akkan amanutti duraan dursitee Waaqayyo akka si jaallatuuf isaaf heyyamuu qabda. Waaqayyo akka si jaallatuuf hamma isaaf heyyamtutti jaalala Waaqayyoof qabdu ibsuu ni dandeessa jedhee hin yaadu. Macaafni Qulqulluun 1 Ergaa Yohaannis 4:19 irratti inni duraan dursee waan nu jaallateef, nuyis kottaa in jaallannaa jedba.

Waaqayyo wajjin hariiroo uumuun akka si barbaachisu sitti himuuf nan danda'a. Haa ta'u malee kana gochuu kan dandeessu attamittii? Waaqayyo isa wajjin hariiroo gochuu akkan qabu yeroo natti hime teessuma soofaa fidadbeen taa'e; kana booda akkasin jedhe, "Yaa Waaqayyo; maal naan jechuu barbaadda?" Kun sirrii dha! Waaqayyo wajjin attamitti hariiroo gochuu akkan qabu hin beeku, sababni isaa yeroo sana Waaqayyo hammam akka na jaallatuuf michuu isaa nagodhachuu akka inni barbaadu hin beekun ture.

Ka'itii tarkaanfii tokko tarkaanfadbu. Waaqayyoof carraa kenni; isa wajjin attamitti akka hariiroo uumtu inni si barsiisa. Isa wajjin hariiroo uumuuf haafuura Qulqulluun geggeefamuu barbaachisa. Waaqayoo akka ati isaa wajjiin waligaltu barbaada. Isaan booda akka macaafi jedhu mana kee sita'a.

4

JAALALA, AMANACHUU FI AMANTII

"Kiristoos Yesusiif amantii jaalalaan hojjetutu gatii qaba malee, dnagnaqabachuu yookiis dhagna qabachuu dhiisuu miti."

- GALAATIYAA 5:6

Baay'een keenya amantii qabaachuuf yeroo hedduu ni dhamaana. Amantii malee Waaqayyoon gammachiisuun akka hin danda'amne ni beekna (Ibroota 11:6). Kanaafuu amantii guddaa qabaachuufni dhamaana. Haa ta'u malee amantiin kan garaa argachuu kan dandeenyu Waaqayyo wajjin hariiroo jaalalaa yoo qabaanneef dubbisaa yoo dhagenye qofaa dha. Amantii si barsiisuu hin danda'u; haa ta'u malee qajeelfama amantii si barsiisuu fi amantii argachuuf dheebuu akka qabaattu gochuu nan danda'a. Amantiin kan argamu mul'ata Waaqayyoo qofaa dhaan.

Dhamaatee mataa keetiin amantii argachuuf yaalii gootu dhaabiitii, Waaqayyoon gammachiisi; yeroo kana Waaqayyo wajjin hariiroo gochuu fi isa jaallachuu irra oolchi. Guyyaa guutuu isa jaallachuu fi isaaf heyyamuun ooli. Amantiin harka nut Waaqayyotti hiixannee ittiin waa fudhannuu dha.

"Nuyi amantiidhaan jiraanna malee, waan hundumaa ijaan arguudhaan jiraanna miti." (2 Qorontos 5:7)

Yeroo tokko kutaa kana otuun dubbisuu Waaqayyo yaada kootti waan guddaa tokko dubbachuu eegale. Amantiidhaan deddeebi'uudhaaf yaalaan ture. Jireenya koo keessatti kallattii hundumaanuu amantiidhaan deddeebi'uuf dhama'aan ture. Jecha biraan ibsuuf hariiroon Waaqayyo wajjin qabu bu'uura godhadhee amantiidhaan nan deddeebi'an ture. Kun maal jechuu akka ta'e hubatteettaa? Ani qajeelaa miti jedhee namni yaadu amantiidhaan deddeebi'uu akka qabu irraanfachuu ni danda'a. Utuma iyyuu ani kan gatii hin qabne biyyoo dha; Waaqayyos na hin jaallatu jedhee namni yaadu amantiidhaan deddeebi'uun akka isaaf ta'u dagachuu ni danda'a. Namoonni hedduun amantiidhaan deddeebi'uuf ni yaalu; haa ta'u malee yaada isaanii keessa wantonni kun hin jiran.

Galaatiyaa 5:6 akka jedhutti amantiin kan hojjetu jaalalaan. Waaqayyo kana yaada garaa koo keessa kaa'e; "Namoonni baay'een kutaan Macaafa Qulqulluu kun akka barsiisutti namoota isaan kaan jaallachuu yoo baanne amantiin keenya hin hojetu jedhanii yaadu. Kutaan kun kan barsiisu garuu kana miti. Kutaan kun kan barsiisu hammam akka isaan jaallatu yoo beekuu baatan amantiin isaanii akka hin hojjennee dha. Amantiin jaalalaan malee hin hojjetu. Haa ta'u malee namoota biraa jaallachuun ga'umsa kee miti. Kanaa mannaa Waaqayyo inni hundumaa danda'u akka si jaallatu isaaf heyyamuu keetiin jaalala waaqayyo fudhatta.

Kun garaa garummaa guddaa qaba. Waaqayyoon amanachuu fi amantiidhaan deddeebi'uu, isatti hirkachuu fi waan hundumaatti isa amanachuu dha. Namni tokko akka si jaallatu hin beektu yoo ta'e akkana gochuu hin dandeessu. Dagachuus immoo ni dandeessa; Waaqayyo akka si jaallatu beekuu yoo baatte isa amanachuu raawwattee hin dandeessu.

Waaqayyo hammam akka si jaallatu yoo beekte, fayyina

fudhachuuf baay'ee ulfaataa sitti hin ta'u. Akkasumas gaaffiin dinagdee koo naaf guutaa laata jettee baay'ee hin dhiphattu. Kan ati hin fudhanneef sababni isaa Waaqayyo akka siif kennu guutummaan guutuutti waan hin amanneef. "Kana amanuun barbaada; garuu attamittan amanuu danda'a?" jetta ta'a.

Jaalalli Waaqayyoo keessa kee jira; amma wanti gochuun siif ta'u wanta Waaqayyo si argisiisu fudhachuuf qophaa'uu dha. Macaafni Qulqulluun akkana jedha; "Inni duraan dursee waan nu jaallateef nuti isa in jaallanna." (l Yohaannis 4:19). Waaqayyo duraan dursee akka si jaallate mirkaneeffachuu yoo baatte Waaqayyoon amanuun ulfaataa sitti ta'a.

Wanti hundumtuu yaada garaa (laphee) kee keessa jira. Achi keessa jira! Waaqayyo si jaallata! Ati nama ajaa'ibsiisaa dha! Nama miidhagaa dha! Biyya lafaa kana irratti hamma Waaqayyo si jaallatu eenyu illee si jaallachuu hin danda'u.

Waaqayyoon alatti wanti biraan homaa si hin barbaachisu; haa ta'u malee inni namoota biraa siif kenna. Dhugaan isaa garuu namoonni biroon jiraachuu baatanis sii fi Waaqayyo qofaa yoo taatan wanti sitti hir'atu hin jiru. Waaqayyo michuu gaarii siif ta'a. Hiriyyaa yoo dhabde inni hiriyyaa siif ta'a. Abbaa fi haadha hin qabdu yoo ta'e inni abbaas haadhas siif ta'a.

Waaqayyo hamma kana si jaallata. Kanaaf waan si barbaachisu hundumaaf isatti amani. Inni guddaa waan si jaallatuuf wanta si barbaachisu hundumaa siif kenna. Waaqayyo akka siif kennu hin beektu yoo ta'e isa irraa fudhachuuf amantii ga'aa qabaachuu hin dandeessu.

Amantiin kan hojjetu Waaqayyo akka si jaallatu isaaf heyyamuudhaan. Dandeettii kee fi namoota isaan kaan waan

jaallattuuf hin hojjetu. Jalqaba irratti Waaqayyo akka si jaallatu isaaf heyyami; isa booddee Waaqayyoon akkana jedhi; "Yaa Waaqayyo; akka ati na jaallattu nan beeka. Haaleluuyyaa! Yaa abbaa; sin galateeffadha, maqaa kee ol olan qaba."

Wantota hojjechuuf kan yaallu ka'umsa dogoggoraa irraati. Dadhabbii mataa keetiin hojjechuu hin dandeessu. Waaqayyo kan si eebbisu waan si jaallatuuf. Fayyina akkuma siif kenne wantota si barbaachisanis siif kenna.

Maatiin kee yokiin namoonni biroon akka fayyaniif wanti ati gochuu qabdu hin jiru. Waaqayyo akka si jaallatu heyyamiif. Sana booda maatii kee yeroo argitu isaan jaallachuu jalqabda. Macaafni Qulqulluun akkuma dubbatu kan isaan jaallattu yoo ta'e, dubbii fi yaalii isaan mo'achuuf gootu dhaabii gara Yesus isaanitti argisiisi. Hafuurri Waaqayyoo karaa jaalala isaa isaan harkisa. Garuu Waaqayyo akka si jaallatu heyyamuufii yoo baatte warra kaan jaallachuu hin dandeessu. Efesoon 2:8 akkana jedha; "Ayyaanni isaa ...isin fayyiseera." Fayyuuf homaa akka hin godhiin ni hubattaa? Baay'een keenya otuu Yesus nuuf hin du'iin baay'ee kan xuroofne turre; kana waan ta'eef fayyinni keenya yaalii fi dandeettii mataa keenyaa irratti kan hundaa'e miti. Kan fayyine waan tokko qofaan; kun immoo isatti kan amanu hundinuu jireenya bara baraa haa qabaatuuf malee akka hin banneef Waaqayyo tokkicha ilma isaa hamma nuuf kennutti baay'ee waan nu jaallateef (Yohaannis 3:16).

Ayyaanni Waaqayyo wanta nu barbaachisu yeroo nuuf kennu humna ofii isaa kan itti fayadame heyyama dha. Waaqayyo ayyaana isaa irraa kan ka'e akka ittiin fayyinuuf amantii akka nuuf kenne, jaalala isaa irraa kan ka'e inni fayyisaa keenya ta'uu isaa akka amannuuf inni amantii nuuf kenna. Inni soortuu keenya

ta'uu isaa akka amannuuf inni amantii nuuf ni kenna.

Fayyina akka argannuuf amantiin inni keessa keenya kaa'e cubbuu keenya hundumaa irraa nu fayyisuu kan danda'u yoo ta'e, amantiin nu keessa jiru kun wanta nu barbaachisu fudhachuu nu dandeessisa. Waaqayyo akka si jaallatu kan amantuu fi akka inni si jaallatu arguu kan barbaaddu yoo ta'e, dhugumaan isa amanuu jalqabda. Dhugummaa sagalee Waaqayyoos fudhachuu eegalta. Inni raawwatee akka si hin sossobne ni beekta; sababni isaa inni si jaallata.

Amantii jechuun Waaqayyoon amanachuu fi isatti hirkachuu jechuu dha. Akkasumas humna, ogummaa fi gaarummaa isaa irratti of gatuu jechuu dha (Qolosaayis 1:4). Waaqayyo akka si jaallatu yommuu isaaf heyyamtu, isa jaallachuu fi amanachuu jechuun maal jechuu akka ta'e ni barta, amantiis ni qabaatta.

5

SODAA IRRAA BILISA BA'UU

"Jaalalli iddoo ga'e sodaa of keessaa baasee gata malee jaalala keessa sodaan hin jiru; sodaan dheekkamsa qaba hoo; namni sodaatu jaalalli isaa iddoo hin geenye."

- 1 YOHAANNIS 4:18

Yeroo baay'ee Waaqayyo akka nu jaallatuu fi isattis akka amanannu beeknee cal jennee jiraanna. Isa booda wanti nuti hin yaadiin tokko hudhee nu qabata.

Diinni guddaan amantii keenya nu jalaa hatu haala dha; wantonni gadheen nurra ga'an amantii keenya nu jalaa hatu. Jireenya kee irra wanti hamaan tokko yoo ga'u haalichi Waaqayyo akka si hin jaallanne sitti fakkeessuu ni danda'a; yeroo kana Waaqayyo akka si jaallatu amanuun baay'ee si rakkisa.

Isa booda Daabiloos jaalala Waaqayyoo isa bilisa si baasettii addaan si baasuudhaaf sodaa fi gidiraa fudhatee dhufa. Kana booda, "Wanti si qunname kun maalii?" siin jedha. "Waaqayyo waan si jaallatu se'een ture. Yoos wanti hamaan kun maaliif si mudate ree? Waan hamaa gochuun kee hin oolu. Dhugumatti Waaqayyo si dheekkameera."

Yeroo kana amantii Waaqayyo irratti qabdu dhabuu eegalta;

amantii isa irratti qabdu yoo dhabde homaa si gargaaruu hin danda'u. Waaqayyo akka si jaallatu hin beektu yoo ta'e isa irratti amantii guutuu qabaachuu hin dandeessu. Hammeessuu, sodaa fi gidiraa Daabiloos yoo fudhatte.

Waaqayyo hammam akka si jaallatu hin beektu. l Yohaannis 4:18 sagalee baay'ee jabaa tokko dubbata: "Jaalalli iddoo ga'e sodaa of keessaa baasee in gata." Kutaan Macaafa Qulqulluu kun maal akka jedhu hubachuuf irra deddeebi'een yaadan ture; gaaf tokko Waaqayyo akkana jedhee hafuura kootti dubbate; jaalalli iddoo ga'ee sodaa gata; Waaqayyo immoo jaalala iddoo ga'ee dha. Jaalalli iddoo ga'e kun siifis akka kenname yommuu hubattu, biyya lafaa kana keessaa wanti ati sodaattu homtuu hin jiraatu. Waaqayyo akka si jaallatu mul'ata dhuunfaa yoo qabaatte wanti si sodaachisu jiraachuu hin qabu.

Waaqayyo akka si jaallatu yoo beekte nan kufa jettee raawwattee hin sodaattu. Waaqayyotti kan amantu yoo ta'e hin sodaattu. Kan ati kuftu yoo ofitti amante duwwaa dha. Waaqayyo akka si jaallatu yoo beekte kufaatii hin sodaattu. Waaqayyo akka si jaallatu yoo beekte mormii hin sodaattu.

Jaalalli Waaqayyoo baay'ee jabaa waan ta'eef waan hundumaa ni dhoksa. Waaqni na fayyisee fi bilisa na baase na hammeessa jettee yaaddaa? Seexana kan nama hammeessu. Waaqayyo cubbuu jireenya kee keessa jiruuf si ceepha'ee karaa ittiin keessaa baatu si argisiisa. Daabiloos garuu si hadheessee karaan ittiin keessaa baatu hin jiru siin jedha. Macaafni Qulqulluun akkana jedha: *"Jaalala keessa sodaan hin jiru; jaalalli inni iddoo ga'e sodaa gad baasee in gata; sodaan adabatti hidhamee waan jiruuf, namni sodaatu jaalalli isaa iddoo hin geenye."* - 1Yohaannis 4:18

Namoonni hedduun Macaafni Qulqulluun akkana yeroo jedhu garaa kee irraa kan na jaallattu yoo ta'e ana hin sodaattu;

yokiin immoo nama tokko garaa kee irraa kan jaallattu yoo ta'e sodaan jireenya kee keessaa baafamee gatama jechuu isaati jedhu. Macaafni Qulqulluun garuu kan jedhu akkana miti.

Macaafni Qulqulluun kan jedhu Waaqayyo akka si jaallatu yoo heyyamteef hin sodaattuu. Jireenya kee keessa sodaan akka bin jiraanne yoo barbaadde Waaqayyo akka si jaallatuuf heyyamiif. Amantiidhaan jaalala Waaqayyoo amma kana fudhadhu. Tarkaanfii fudhadhu. Amantiidhaan deemiitii jaalala Waaqayyo siif qabu hundumaa fudhadhu.

Jaalalli Waaqayyoo sodaa baasee akka gatu mul'ata ergan argadhee booda jireenya koo keessatti hojii irra oolchuutu ana irra ture. Yeroo tokko konkolaataan keenya miidhamtee rakkinni guddaan nu mudate. Konkolaataa keenya suphisiisuuf doolaara dhibba tokkoo hamma dhibba shanii nu gaafata; nuti immoo horii hin qabnu turre. Kanaafuu cal jennee konkolaaticha konkolaachisuu ittuma fufne.

Gaaf tokko ganama Waaqayyo akkana jedhee yaada garaa kootti dubbate, "Yaa Jooyis guyyaa guutuu na jaalladhu; anis akkan si jaalladhuuf naaf heyyami. Wanti gootu tokko illee hin jiru. Dubartii amantii guddaa qabdu ta'uus si hin barbaachisu. Guyyaa guutuu na jaalladhu anis akkan si jaalladhuuf naaf heyyami. Akkan sijaalladhu carraa naf kenni!"

Mana koo keessatti wanta amantii koo jabeessu, wanta ulfina Waaqayyoof ta'uu fi hariiroon isaa wajjin qabu wanta cimsun hojjechaa ture. Isa booda akka tasaa sagalee abbaa manaa kootii kutaa konkolaataa itti suphannu keessaan dhaga'e. Abbaan manaa koo daqiiqaa 45 dura gara hojii deemee ture. Balbala banee akkana naan jedhe, "konkolaataa keenya konkolaa chisuun hin danda'amu; gara bakka itti suphamuu geessuu qabna."

Balbalicha cufeen kolfuu eegale. Wantan itti yaadee godhe

miti. Wanta hafuura koo irraa maddee dha; akkasitti kolfuu kanan danda'eef ganama akka Waaqayyo na jaallatu waanan taasiseef akka ta'en arge. Waaqayyo akka si jaallatu taasisuun balballi amantii si keessatti akka banamu godha. Callisee kolfuun eegale; Kunis amantii jechuun ture.

Abirahaam kolfa amantii kolfe. Waaqayyo gara isaa dhufee mucaa ilmaa akka inni godhatu yeroo itti hime Abirahaam na'ee kolfe; akkana jedhes; "Ulfinni haa ta'u! Nan amana!" Saaraan garuu kolfa shakkii fi kan amantiin keessa hin jirre kolfite; Waaqayyos dogoggora ishee irraa ishee deebise; Abirahaamiin garuu hin ceepbaane. Kolfi Abrahaam gammachuu guutuu ta'eef, sababni isaa kolfa amantii ture.

Yeroo Daabiloos si mormuu fi wanti inni si irratti raawwachuuf yaade hojii gowwaa fi kan kolfaa yommuu sitti ta'u Waaqa kee haalaan waan beektuuf wanti si sodaachisu homtuu hin jiru; amantiidhaan kolfi; Waaqayyo akka si jaallatu ni beekta. Innis hir'ina kee hundumaa siif in guuta.

Konkolaataa keenya isa cabetti otuun kolfuu Waaqayyoo sagalee suuta jedhuun yaada garaa kootti waan tokko dubbate; wanti inni anatti dubbate baay'ee jabaa ture. Yeroo sadii deddeebi'ee akkana naan jedhe, "Yaa Jooyis fuula koo kan jiraattu akkanatti yoo ta'e raawwadhee si hin gaddisiisu." Gaaddisa mana kootii uree keessaan akka waan gad bu'eetti natti dhaga'ame. "Raawwadhee si hin gaddisiisu. Raawwadhee si hin gaddisiisu."

Waaqayyotti kan hirkattuu fi Waaqayyos akka si jaallatu kan taasiftu akkasuma atis kan isa jaallattu yoo taate deemsi amantii kee miidhagaa ta'a. Wanti si irraa eegamu Waaqayyo akka si jaallatu kan taasisuu atis isa jaallachuu duwwaa dha; inni waan hundumaa si dabarsa. Jaalalli Waaqayyo keessa keetti waan hojjetuuf soda hundumaa gad baasee ni gata.

6

JAALALLI ISA HINQABEEF NI GA'A

"Egaa namni Waaqayyoon jaallatu, obboleessa isaa immoo akka jaallatuuf abboommii kana isa biraa arganne."

- 1 YOHAANNIS 4:21

Ati mucaa Waaqayyoo isa filatamaa dha. Kanas Keessa Deebii 7:6 irratti sitti himeera. Akka mucaa filatamaatti yoo jiraatte, addunyaa jijjiiruu eegalata. Yommuu gara gabaa deemtu fuula kee gammachuudhaan ibsi; meeshaa bittu ol kaasaa akkana jedhi; "Wanti ani harkaan qabe hunduu eebbifamaa dha. Haaleluuyyaa! Har'a warri gabaa kana keessatti na argan kan eebbifamanii dha. Ulfinni Waaqayyoof haa ta'u!" Gabicha keessa gammada, faarfachaa fi bakka deemtu hundatti nama addaa akka taatetti of ilaalaa deemi.

Nama addaa ta'uu keenya beekuu fi akka namoota Waaqayyo jaallatuutti jiraachuu yeroo eegallu, biyya lafaa kana kiristoosiif booji'uu ni dandeenya. Jaalalli akka ibidda qabatee babal'ata. Namoota irratti gungumaa ani Kiristaana yoo jette kun eenyuufuu hin fayyadu. "Ani Kiristaana; ani Kiristaana!" jedhi. Garuu yeroo konkolaataan si dura seenu "Ati nama gowwaa nana karaa koo duraa turi. Gara waldaa kiristaanaa akkan deemu hin beektuu? Ati

nama hin taanee nana natti guyyaasisuufi" jedhi.

Yeroo tokko tokko wantota kana fakkaatan ni goona. Mo'icha gonfachuuf qophoofteettaa? Hafuuraan tarkaanfadhuutii mo'icha gonfadhu; akkana jedhis; "Yaa Daabiloos yeroo hedduu sodaa keessa akkan jiraadhu gooteetta. Ani nama addaati; Maqaa Yesusiin mo'icha nan gonfadha; sababni isaa Waaqayyo na jaallata; Daabiloos ati kana caalaa homaa gochuu hin dandeessu!"

Jaalalli Waaqayyoo inni keessa kee jiru sodaa irraa bilisa si baasa; warra kaan tajaajiluuf hin sodaattu. Waaqayyo si keessatti waan guddaa akka hojjetu yeroo sitti dubbatu akka ati amantu barbaada; sababni isaa Yesus gara abbaa deemeera. Waaqayyo hojii isaaf akka si barbaadu ni amantaa? Waaqayyo waan ati amante siif kenna. Amantiidhaan deemuuf hin sodaatiin.

Sodaa irraa kan ka'e keessatti homaa gochuu kanan hin dandeenye qarqara amantii irra si'a meeqa ga'ee akkan deebi'e sitti himuu hin danda'u. Waaqayyo garuu akkas naan jedhe; "Ka'i, Jooyis ka'i. Sikeessa dabree waan guddaan hajjedha." Anis battalumatti utaaleen ka'e; yeroo sanaa eegalee Waaqayyo ana gatee hin beeku.

Amantiidhaan ergan deemee booda gufatanii kufuu maaliif akkan hin sodaanne beektaa? Waaqayyo akka na jaallatun beeka. Inni na jaallata; akkan isa jaalladhus ni beeka; ayyaana isaa irraa kan ka'es jireenya koo isaaf kenneera. Kana yoo gootee fi ati Waaqayyoon kan jallattu innis kan si jaallatu yoo ta'e, biyya lafaa kana keessatti mo'icha gonfachuuf wanti si rakkisu hin jiru.

"Eenyutu jaalala Kiristoosittii gargar nu baasa? Gidiraan yookiis muddamni, ari'atamuun, beelli yookiis qullaa ta'uun, sodaachifamuun yookiis billaan gargar nu baasuu danda'aa

ree? Sababii keetiif namoonni guyyaa guyyaatti nu keessaa in ajjeefamu, akka hoolota qalamuuf jedhaniitti lakkaa'amnee jirra kan jedhu caafame jira. Waan nu irra ga'e hundumaatti garuu, karaa isa nu jaallatee mo'icha guddaa in arganna. Duuni, jireenyi, ergamoonni Waaqa irraa, warri bantii Waaqaa keessatti aboo qabu jedhamanii sodaataman, wanti amma jiru, wanti dhufuuf jirus hundinuu, wanti humna argisiisuu danda'us, jaalala Waaqayyotti gargar akka nu hin baafne ani beeka. Wanti ol ka'ee jiru, wanti gad fagaatee jirus, uumama keessaa wanti biraas, jaalala Waaqayyo isa karaa Gooftaa keenyaa Kiristoos Yesus nuuf dhufettii, danda'ee gargar nu hin baasu." - Roomaa 8:35-39

Waaqayyo bilisa ba'uu kee jabeessee akka barbaadu siriitti hin hubattu ta'a. Gammachuu dhabuu kee irraa kan ka'e Waaqayyo ni gadda. Yeroo tokko tokko guyyaa guutuu haala hin taane keessa oolta. Waa'ee guyyaa isa kamii akkan dubbadhu ni beektaa? Adurree dhiitta; ijoollee keetti dheekkamta; olloota kee arrabsita; amalli kee inni durii sitti dhufee fuulli kee dukkanaa'a. "Namni tokko illee hojii ani hojjedhu hin galateeffatu" jechuun gungumta.

Maaliif akka ati akkas taatu naaf gala; anis haala akkanaa kana keessa darbeera. Ijoolleen kee gara manaa yeroo dhufan "mana barumsaa keessa sa'atii torba turuu mannaa maaliif sa'atii kudha afur hin turan?" jettee dheekkamta.

Kun Waaqayyoon akka gaddisiisu ni beektaa? Miirri hamaan akka sitti dhaga'amu gochuu koo miti. Waaqayyo akka si jaallatu yoo amante, jaalala kanaaf deebii kennuun akka siif ta'u akka hubattu si gargaaruu kooti; jaalalli kun yaada garaa kee keessa guutuudhaan namoota hundumaa irratti dhangala'uu jalqaba. Nama bilisaa fi gammachuu qabu taata; gaarummaanis si keessaa madda.

Dhugumatti Waaqayyo akka si jaallatu yoo beekte; fayyina argatta; dinagdee argatta; wanta si barbaachisu argatta. Maaliif? Sababni isaa Waaqayyo si jaallata. Kanaafuu isa irratti hirkachuu bari.

Waaqayyo wantota nuuf kennu danda'u hunda sababni inni nuuf hin kennineef isatti hirkachuu mannaa ofii keenyaa argachuuf jecha olii fi gad waan fiignuuf. Waaqayyo isa irratti akka boqottuu fi akka isa jaallattu ni barbaada. Akka inni si jaallatu akka isaaf heyyamtuu fi isa irraas akka fudhattu barbaada.

Namoota kan jaallattu yoo ta'e Daabiloos kana dhaabuu hin danda'u; sababni isaa namoota kan jaallattu yoo taate, arjaa taata. Namoota otuu jaallattuu kennuu dhiisuu hin dandeessu.

Seera Keessa Deebii 7:6 kutaan gara dhumaa isaa akkas jedha; "Saba isaa akka isaaf taatuuf Waaqayyo kee Gooftichi si fo'ateera." Waaqayyo si waameera. Amma kana hojiin kee inni guddaan maatii kee waliin mana keessa ta'uu ni danda'a; garuu Waaqayyo si waameera. Waaqayyo akka siin hojjetu kan barbaaddu yoo ta'e, Waaqayyo siin hojjechuu ni danda'a. Haa ta'u malee duraan dursitee hundee kana hundeessuu qabda. Waaqayyo akka si jaallatu beeki.

Humna kee hundumaa fedha mataa kee guuttachuu qofaa irra hin oolchiin. Wanta barbaaddu Waaqayyotti himi. Sana booda wanta warra kaan barbaachisu guutuufiif amantii si dandeessisu gabbifadhu.

Sana boodas sagalee isaa isaaaniif lallaba; harka isaa isaan irra kaa'a; isaanis ajaa'iba fudhatu. Namni tokko Waaqayyo waan isaaf kennuu barbaadu akka isaaf kennuuf callisee achi hiiqee hin taa'u. Maal akka barbaaddu Waaqayyotti himuu qabda. Haa ta'u

malee wanti ati barbaaddu wanta ulfina Waaqayyoof ta'u ta'uutu irra jira. Kana jechuun hawwiin garaa keetii wanta warra kaaniif barbaachisu isaaniif guutuu ta'uu qaba.

Sirriitti haa hiikamu yoo jedhame soorumni dhugaan wanta namoota biraaf barbaachisu isaaniif guutuun eebba Waaqayyo nuuf kenne haalaan itti fayyadamuu jechuu dha. Jaalalli Waaqayyoo rakkina warra kaaniif dursa akka kennitu humna siif kenna. Waaqayyo namoota jaallatamuun isaaniif hin malle fakkeenyaaf warra nama jeeqanii fi warra galata hin qabne akka ati jaallattuu fi rakkina isaanii isaaniif guutuu akka dandeessuuf na jaallateera jettee ni amantaa?

Namoota si jaallatan jaallachuun homaa sitti hin ulfaatu. Kanaaf homaa wanti dhokataan hin jiru. Namni kam iyyuu kana gochuu ni danda'a. Haa ta'u malee namoota hin jaallatamne yoo irra deddebitee jaallatte jaalalli Waaqayyoo isaan ni jijjiira.

Kun waggoota fudhachuu ni danda'a. Waggaa shan fudbachuu ni danda'a. Waggoota digdamii shanis fudhachuu ni danda'a. Haa ta'u malee kana gochuun barbaachisaa dha. Yesus kan si eege yeroo hammamiif?

Waaqayyo si jaallata; akkasumas namoota naannoo kee jiran ni jaallata. Warra fayyanis ta'e warra cubbamoota ni jaallata; inni karaa jaalala isaa ittiin argisiisu godhatee siin hojjechuu ni barbaada.

Amantiidhaan tarkaanfachuuf hin sodaatiin. Jaalalli Waaqayyoo sodaa fi gidiraa irraa bilisa si baaseera; warra kaan jaallachuu akka ati dandeessuufis humna siif kenneera. Jaalala Waaqayyoo namoota naannoo kee jiran hundumaaf labsuuf kutannoon ka'i. Namoota wajjin michuu ta'uuf yaali. Namoota

wajjin michuu ta'uuf yaaluunii fi warra qaama Kiristoos keessa jiraniif eebba ta'uuf dhama'uun hojii kee guyyaa guyyaa siif haa ta'u.

Namoonni mana kee dhufanii hirbaata akka nyaatan yokiin akka si daw'atan afeeri. Nagaa garnmachuun guute isaan gaafadhu. Waaqayyo wanta si keessatti hojjechuu barbaadu ni qaba. Namoota addunyaa kana irra jiraatan isaan kaaniin wanta hin hojjenne siin hojjechuu barbaada.

Namoonni ati duwwaan isaan tajaajiluu dandeessu ni jiru. Namoota akkasii kana siin ala eenyu illee isaan qaqqabachuu hin danda'u. Waaqayyo akkamitti jaalalaan isaan tajaajiluu akka dandeessu akka si gaggeessuuf gaafadhu; innis si barsiisaa.

7

JAALALLI WAAQAYYOO SI JIJJIIRA

"Nuyi Waaqayyoon hin jaallanne; inni garuu nu jaallate, ilma isaas cubbuu keenyaaf furee haa ta'uuf nuuf erge jaala jechuunisa kana."

- 1 YOHAANNIS 4:10

Waaqayyo nu jaallata; haa ta'u malee baay'een keenya jaalala Waaqayyo ittiin nu jaallate sirriitti hubanneerra jedhee hin yaadu. Kutaa kana yeroon qayyabadhu Waaqayyo akka natti dubbate yoo ta'e, Waaqayyo hammam akka nu jaallate hafuura keenyaan hubanneerra otuu ta'ee jireenya isa amma jiraannu kana irraa adda ta'e jiraanna turre. Jaalala Waaqayyoo yeroo hundumaa yaadi. Sababni isaa kan si jijjiiru kana dha. Wanta jireenya kee keessatti hin jaallanne yoo qabaatte, Waaqayyo akka si jaallatu yoo beekte inni siif jijjiira.

Namni tokko akka si jaallatu yoo beekte miira attamiitu sitti dhaga'amaa? Baay'ee si gammachiisa mitii? Miirri gadheen sitti dhaga'amaa? Namoonni kitaaba kana dubbifatan tokko tokko mataa isaanii akka jibban Waaqayyo anatti dubbateera. Wanta hojjettu ni jibbitaa? Uumama haaraa ta'uu kee fudhachuu hin dandeenye; amala kee isa moofaa waliin wallaansoo wal

qabaa jirta. Yeroo hundumaa waa'ee keef miirri hin taane sitti dhaga'amaa kan jiraattu yoo ta'e, akkasumas ofii kee kan of hin jaallanne ittumaa iyyuu kan of jibbituu fi nama addaa akka taate kan hin fudhanne yoo taate, karaa adda ta'een tajaajiluu hin dandeessu. Macaafni Qulqulluun akkas jedha; "Garaa isaa keessatti kan yaadu akkasuma'o. (Fak 23:7). Kun kan argisiisu ammayyuu akka Waaqayyo si jaallatu akka ati hin hubatiini dha. Akka Waaqayyo si jaallatu hubachuun isa guddaadha.

Waaqayyo guyyaa guyyaatti isa wajjin hariiroo akka qabaattu barbaada. Kan si jijjiiru isa kana. Jireenya kee keessatti Waaqayyoof dursa hin kennitu yoo ta'e, wanta jireenya keessatti gochuu barbaadu akka inni, hin goone isa dhorkita. Waaqayyo wajjin hariiroo kan itti gootu yeroo dhuunfaa qabaadhu; isa jaalladhu; innis akka si jaallatu heyyamiif; jireenya hafuura keetti akka guddattuu fi akka jabaattu kan si dandeessisu isa kana dha.

Namoonni hedduun dhibaa'oo waan ta'aniif kana gochuu dhiisuu filatu. Namni kan biraan tokko bakka isaanii bu'ee akka isaaniif raawwatu barbaadu. Sababa hin baay'isiin. Namni kitaaba kana dubbisuu fi Waaqayyo wajjin hariiroo hin qabne barreeffama kana irraa kan ka'e yoo ceepha'ame, Daabiloos "Hojiiwwan hamma kana baay'atan kun hunduu suma eeguum" jedhee isa himachuu danda'a.

Wantichi garam dhaquu akka danda'u ifaa dha. Daabiloos sababa tokko irratti sababa biraa siif dabala. Waaqayyoon beekuuf kutannoodhaan ka'i; gara isaattis iyyi; sagalee Waaqayyoo fi isa wajjin hariiroo gochuun si jijjiira. Waaqayyo immoo dandeettii isaa siif kenna. Phaawulos Filiphisi iyus 4:13 irratti akkas jedha; "Jabina isa naaf kennu Kiristoosiin ani waan hundumaa gochuu nan danda'a." Jecha biraan humna Kiristoos Yesusiin wanti ati

gochuu hin dandeenye addunyaa kana irra hin jiru.

Waaqayyo rakkina keessa kee jiru yoo sitti argisiise oltee hin buliin, humnaa fi mo'ichaan ka'iitii rakkinicha furuuf yaali. Kaatee jaalala Waaqayyoo kan fudhattuu fi Daabiloos inni hamaan sun gatii akka hin qabnee fi homaa dhimma akka ati hin baafne, isa inni sitti dubbatu kan mormitu yoo ta'e, mo'ichaan deemaa jirta.

Amma haala baay'ee gadhee ta'e keessa jiraachuu ni dandeessa; haa ta'u malee garuu keessa keetti uumama haaraa akka taate yoo amante, jireenya adda ta'e jiraatta. Kaatee "Waaqayyoon haa galatu ani nama addaati" hamma jettutti homaa gochuu hin dandeessu. Waaqayyo na fo'ateera. Dhiiga hoolichaan na qulqulleesseera. Akka nama fo'amee fi akka nama qulqullaa'eetti jiraachuun naaf ta'a. Daabiloos dogoggora hedduu yoo raawwate dhimma ittii hin qabu. Waaqayyo kufaatii koo keessaa na kaasee itti na fufsiisuu ni danda'a. Inni wantota ani balleesse hundumaa ni sirreessa!

Waaqayyo akka si jaallatu yoo beekte rakkina attamiitu si mo'uu danda'aa? Rakkinni si mo'uu danda'u tokko illee hin jiru. Waan hundumaatti mo'icha ni gonfatta. Nama mo'ichaa ta'uu ni barbaaddaa? Yoos gaaffii kana deebisi; wanti ati mo'uu barbaaddu jiraa? Guddachuu kan ati dandeessu karaa kana duwwaa dha. Rakkinnii fi wanti ati mo'uu barbaaddu homtuu hin jiru yoo ta'e, amantiin kee attamitti guddachuu danda'aa?

Jireenya kee keessatti rakkinawwan si mudatan karaa guddinaa kee akka isaan ta'anitti fudhadhu. Waaqayyo waan si jaallatuuf akka inni siin hojjechuu barbaadu hubadhu.

Waaqayyo irratti kan hirkattu, innis akka si jaallatu kan isaaf heyyamtuu fi atis kan isa jaallattu yoo taate, fiigicha ofii kee

taasiftu dhiiftee gara boqonnaa isaatti galta.

Waaqayyo akka si jaallatu kan heyyamtuuf atis kan isa jaallattu yoo taate, akka nama machaa'ee, jechuun akka nama hafuuraan machaa'ee taata. Yeroo kana rakkoowwan jireenya kee mudatan si hin mo'atan; sababni isaa jaalala Waaqayyoon jiraachuu eegalteetta.

Hafuura Qulqulluudhaan yeroon cuuphame torbee sadan warra jalqabaa keessatti akka nama jaalala Waaqayyoon machaa'ee ta'een ture. Namoonni akkas naan jedhu turan; "Jooyis waan haaraa maal argattee? Nama baay'ee addaa taatee jirta. Kana amanuun na rakkisa. Jireenya kee keessatti maaltu uumamee?" Torbee sadii booddee namoonni kun gara koo dhufanii akkas naan jedhan; "Jireenya kee keessatti wanti uumame maali?"

Jijjiiramuu koo isaaniif ibsuun ana hin barbaachifne. Arguu ni danda'u turan. Jaalala Waaqayyoon kan jiraattu yoo ta'e, yeroo hundumaa gammachuu qabda. Nama bareedaa taata. Humnaa fi jabina ni qabaatta. Namoota tajaajiluuf kan maltu taata; sababni isaa Hafuurri Qulqulluun isa kana akka gootuuf humna siif kenna, wantota si barbaachisanis baay'isee siif kenna.

Akkas jedhii ofitti dubbadhu; "Waaqayyo na jaallata. Haale-luuyyaa; Waaqayyo na jaallata. Ani mucaa isaa isa addaati. Waaqayyo na jaallata!" Amma jabaadhuu dhaabbadhu; amantiidhaan deemi; amani.

KADHATA ARARAA

Waaqayyoo si jaallata akkasumas haariiroo dhunfaa sii wajjin qabaachuu barbaada. Yoo Iyesuus kiriistoosiin akka fayyisaa keetttii hin fudhanee amma kana gochuu nii dandeessa. Onneekee baniitii kadahata kana kadhadhuu...

"Abbaa, Anii akkan si balleessee naaf gala. Maaloo naaf dhiisi. Na qulleessii. Anii akkan ssi manuu waada siifiin seena, Mucaankee akka anaaf jedhee du'ee nan beeka. Balleessaa koo gara ofii isaattii fudhatee akka innii fannoo irrattii du'ee nan beeka. Akkanii du'a ka'ees nan beeka. Anii jireenyakoo Yessuus kirtoosittii nan keenna amen."

Abbaa kennaa kee fi dhiifama kee akkasumas jireenya barbaraa naaf kenniiteef galatoomii. Maqaa Yesuusiin Ameen. Akka kana garaakeerraa kadhateen Waaqqayyoo siif fudhateerra. Si qulleesseeras akkasumas du'a hafuuraa irraa biliisa sii tassiiseera. Kan dubbhisuuf yeroo fudhaduuttii luqqiisoota armaan gadii qora dhuutii akka Waaqayyoo garakettii dubbatee daandii jireenyaa haraa sii waliin akka tarkaanfachuu eegaluu taassisi.

Yoh 3:16	1 Qorn. 15:3-4
Efe. 1:4	Efe. 2:8-9
1 Yoh 1:9	1 Yoh 4:14-15
1 Yoh 5:1	1 Yoh 5:12-13

Kadhata kanaan akka innii isiin gargaaruuf akkasumas akka mana sagadaa gaarii macaafa qulqulluuttii amanuu demuudhaan hariiroon keessan kiriistoos wajjiin qabdanii akka jabaatuuf taassiisaa. Waaqayyoo yeroo hundaa isiin wajjiin jira. Isiin qajeelchaa akka jireenyaa hanqina hin qabnee jiraatniif isiin wajjiin nii ta'a!

WAA'EE BARREESSITUU KITAABICHAA

Jooyis Meyiiriin waggaa araaraa bara 1976 irraa eegalanii sagalee Waaqayyoo barsiisaa turaniiru. Yeroo isaanii guutuu kennuudhaan immoo waggaa araaraa bara 1980 jalqabanii tajaajilaa jiru. Barbaadamummaa guddaa kan qaban kitaabota jaatamaa ol maxxansiisaniiru. Kitaabota kanneen keessaa "Nagaa barbaaduu," "Sagalee Waaqayyoo dhaga'uu," "Waaqayyoon beekuu" fi "Sammuu: bakka wallaansoo" kan jedhaman ni argamu. Kanatti dabalees kaasettoota teeppii fi viidiyoo kumatamaan lakkaa'aman rabsaniiru. "Enjoying Everyday life" kan jedhamu sagantaan raadiyoo fi televiiziyoonaa Jooyis guutummaa addunyaa irratti ni tamsa'a. Bakka hedduu naanna'uun sagantaalee hafuuraa irratti ni barsiisu. Jooyisii fi abbaan manaa isaanii Deev maatii ijoollee afurii yeroo ta'an, kan jiraatanis iddoo Miizurii Seent Luwiis jedhamuu dha.

Lallaboota Wangeelaa gurguddoo Waaqayyo bara keenya keessa kaase keessaa Jooyis Miyiriin isaan tokko. Kutaawwan addunyaa hedduu keessa naanna'uun saba miliyoonaan lakkaa'amuuf misraachoo Wangeelaa labsuu biratti (yeroo hundaa jireenyatti gammadi) kan jedhamu sagantaa televiiziyoonaa fi raadiyoo irratti tajaajilli isaanii biliyoonotaaf akka ga'u sababa ta'aniiru.

Yeroo jalqabaaf Afaan Oromootti kan hiikame kitaabni isaanii kun eebba tajaajila isaanii keessaa isa tokko ta'uu isaa gammachuudhaan ibsina.